Barreeffama Wantoota Gochuun Ta’uufi Gochuun Hin taane Maaskii COVID-19

[muuziqaa bohaarsaa]

[Seenessa]

Wayita maaskiiwwan bittan, godhattan, ofirraa baastanii fi deebistanii godhattan kana raawwadhaa.

Yoo mana namootni itti fayyadaman keessaa fi ala namoonni itti baay'atan jiraattan maaskii sirriitti funyaanii fi afaan keessanitti sirriitti ta'u godhadhaa.

Yoo danda'ame maaskii qulqullina ol-aanaa qabu gargaaramaa. Fakkeenyawwan maaskii qulqullina ol-aanaa qabanii N95 ykn KN95, warra copha ittisuu danda'an fa'i.

Maaskii akaakuu sanaa argachuu hin dandeessan yoo ta'e, maaskii sirriitti isinitti ta'u, yoo xiqqaate abbaa qaqqaana lamaa huccuun isaa jabeeffamee dha'ame godhadhaa. Bu'a-qabeessummaa isaa guddisuudhaaf maaskii godhatamee gatamu maaskii huccuu jalatti godhachuu ni dandeessu.

Osoo maaskii hin godhatin dura, harka keessan saamuunaa fi bishaaniin dhiqadhaa ykn saanitaayizara harkaa alkoolii qabu fayyadamaa.

Maaskiin keessan qaawwa tokko malee afaanii fi funyaan keessanitti sirriitti ittita'uu qaba.

Maaskichi shiboo sibiilaa qaba yoo ta'e, funyaan keessan sirriitti akka qabuuf shibocha harkaan walitti qabaa.

Yeroo godhattan maaskichatti akka hintuqne eeggadhaa.

Yoo maaskii keessan tuqxan, harka keessan dhiqadhaa ykn saanitaayizara harkaa alkoolii qabu fayyadamaa.

Wayita maaskii keessan ofirraa baastan, fuuldura isaa hin tuqinaa. Haada ykn kirrii isaa isa gurra keessanitti naanna'u ykn mataa keessan duuba naanna'u qabuudhaan maaskii keessan ofirraa baasaa.

Maaskii keessan erga ofirraa baastanii booda, harka keessan atattamaan dhiqadhaa ykn saanitaayizara harkaa alkoolii qabu fayyadamaa.

Qajeelfamoota maaskichi yoom akka gatamuu ykn jijjiiramu ibsan, kan maaskicha waliin dhufan hordofaa.

Maaskiiwwan huccuu yeroo tokko erga itti fayyadamtanii booda miicaatii osoo hin godhatin dura sirriitti qoorsaa.

Maaskii N95 ykn KN95 irra-deebiin fayyadamaa jirtu yoo taatan, boorsaa waraqaa keessa kaa'aa. Hin miicinaa.

Maaskii xuraa'aa, jiidhaa ykn miidhamaa(citaa) hin godhatinaa.

Maaskiin kiyya isinirraa ittisa, maaskiin keessan ammoo narraa ittisa.

COVID-19 irratti odeeffannoo haarawaaf health.mn.gov ilaalaa.

[muuziqaa bohaarsaa]

Minnesota Department of Health
Communications Office
PO Box 64975
St. Paul, MN 55164-0975
651-201-4989
health.communications@state.mn.us
www.health.state.mn.us

2/11/22 (Oromo)

Odeeffannoo kana bifa biraatiin argachuuf, kanarratti bilbilaa: 651-201-4989.